

GADAA + 150 - GADAA

YY.GMD(2005)

Diddaan Goobanummaa odoo Biyyaa nu hin baasiin, **“BOKKUUN CITTUU”** Bara dheeraa booda deebi’uuf jennaan , Hojiima Gaazexessummaa kanaan, Xuqur Incinniitti argamnee gabaasu keenya nan yaadadha. Gaazexessitoonni Oromoo Raadiyoo, Gaazexaa, TV keessa hojjatan hundi , waa’ee GADAA ilaalchisee sagantaa hojjachuuf fedhiin qaban kana jedhee ibsuun na rakkisa. waa’ee aadaa isaaniis akkasuma.

Ummanni Oromoo , kan Oromummaa isaaf hubannoo qabu hundi , Gadaaf ilaalchi qabu, maaliin akka madaalamu ibsuun na rakkisa. Ummati kun Gadaan maal akka fakkaatu fi akkamiin akka ittiin bulu odoo hin dhadhamiin ni jaallata. Jaalallii kun garuu akka natti fakkaatutti , **Bara Gadaan ture jabiinaa fi tokkummaa UMMATICHAA irraa ka’ee kan hawwu nattii fakkaata.** Kan caalaatti na dhibaa jiraatu ammoo, dhalooti har’aa akka dhaloota duraanii keessa jiraate odoo hin argiin, argaa dhageettiin qofaa mararfachuu fi ittin buluu akka barbaadu ibsachuuf of kennee falmaa jiraachuu isaatii.

BOKKUUN CITTUU waggaa dheeraa booda wayita sirnaa fi bakka isaa duritti wayita deebi’u, Maanguddoonni Oromoo-Oromiyaa keessaa dhufan, ,gammachuu isaanii bifa gara garaan ibsataa turan. Maanguddoonni kun yeroo eebbisanitti , waggaa dheeraa booda bakka sanatti argamu ibsaniif waaqa galateeffatanii , wal keessa socha’uu Ummata Oromoo duraanii sana dhaloota har’aaf akka hawwan ija Imimmaan keessa guuteen, irra deddeebi’anii ibsataa turan. Kun waggaa 11 ykn 12 dura kan ta’edha.

Maangoddoota Booranaa keessaa tokko akka natti himanitti, **BOKKUUN CITTU** H/Sillaaseen cufu ibsanii, Booranni gara Obbolaa isaa Maccaa Tuulamaatti dhufu addaan citu naaf himan. Shirri Oromoo wal irraa kutu haala kanaan itti fufus naaf ibsan. Akkasuma Tuulamaa keessaa , Maanguddoo umuriin ganna 82 argadheen waan ture fi amma deebi’e jedhamuu kana irratti gaaffii fi deebii taasiseen, waan dhuunfaa kiyyaaf barbaaduus gaafadhe ture. Waan ani gaafadhe sun tarii , miidiyaa sirna wayyaanee keessaan dabruu hin danda’u waan ta’eef, bara tokkoof jedhee waa heddu gaafadhe katabee fi waraabeen keewwadhe. Kanan gaafadhe fi waraabe sun Biyya keessatti hafee,

ani alattin..... Garuu inuman yaadadha. Waan hedduu sana keessaa tokko qofaan , mata duree har'aaf fudhadha. Waan isaan naaf himan garuu , nama biraa irraa dhaga'ee hin beeku. Garuu waan isaan jedhan sun kan har'a taa'aa jiru irraa dhugaa ta'uu mala jedheen fudhachuuf dirqame. Mee isinis waliin xiinxalaa

Maanguddoon kun “Oromon Biyya isaa irratti cabuu kan danda’e, yeroo miniilik haa ta’u malee humna minilikiin mitii. Nuumatu amma tokko humna ta’ee “ jedhan. Miniiliki yeroo Ummata Oromoo humnaan cabsuuf yaalu sani, **SHANAN GADAA OROMOO** sochii haaraa irra turu naaf ibsan. Sochiin kun maalii ? jedheen gaafadhe. Isaanis yennaa naaf deebisan, “**yeroos bal’ina lafa Oromoo irraa kan ka’ee, akkaatuma qubannaa isaa irraa , ODAA SHANITTI qoodamee akka jiraataa ture beekamaadha. ODAA shanan kun bakka tokkotti , ykn ODAA shanan walitti dhufanii Biyya tokko ijaarrachuu irratti , yaadi bal’aan ka’ee, Abbootiin Gadaa, Abbootiin seeraa , Qaalluun kkf walitti dhufanii dhoksaan yaada isaa bicheessaa turan . yaadi kun deemee deemee, Oromoon guutummaatti sirna gadaa , Abbaa Gadaa ol aanaa tokkon akka Hoogganamu (kan har’a pirazadanti jedhaniin) taasisuuf, Oromoon akka mootummaa tokkotti of waamuuf yeroo sochii Ummatichaafuu dhoksaa ta’e gaggeessaa turedha jedhanii , Odaan shanan Paarlaamaa har’aa kan fakkaatuu illee akka qabaatu ,angoonis waggaa 8.8tiin akka wal jijjiirus walii galanii dhuma irratti , eenyu dursitummaan akka eegalu irratti yeroo fudhachuu isaa naaf ibsan. ”**

Kana keessa egaa, sochiin diinaa Faranjootaan utubame hammaachaa yeroo turee fi tasa Oromoon Sirna Gadaa walii galee bullaan soda guddaa kanneen ittii ta’e daboo wal kadhatuu qofaa odoo hin taane, Oromoon mootummaa dhaabbachuu irratti yeroo fudhachuu fi iccittiin mariin baayyachuu irraa milqee diina harka galuun, Duula ilmaan Oromoo hedduu galaafate miniilikiin gaggeeffamu naaf ibsan. Kana booda, Miniiliki, Boorana cabsuuf , Abbootii qaalluu 18 walitti qabee isa jalatti akka bulaniif qoba – qobaa mariisisaa akka turee fi tokko tokkon ajjeesee akka fixe, Arsii cabsuuf TAABOOTA mikaa’eelaa baate deeme milkaa’uu dinnaan kan MAARAMII qabatee dhaqee, harka muraa fi harma muraa akka raawwate, Afran qalloo cabsuuf, TAABOOTA Maaramii baatee deemee dinnaan , kan GABREELII baatee deemee mo’uu isaan , Bataskaana Gabreelii achumatti akka ijaare, Finfinnee yennaa cabsuus,

Bakka har'a PIYAASSAA jedhamuun beekamuu fi Bataskaanni Gorgisii jiru, ODAAn akka turee fi TUFAA MUNAA odaa sana irratti fannisanii ega ajjeesanii booda, ODAA sana kutanii , hundee isaa odoo hin buqqifne BATASKAANA GOORIGISII har'aa irratti ijaaruu naaf ibsan. Seenaa hafe hedduutu jira.

Ani seenaa Maanguddoon natti himan keessaa **GADAA + 150 – GADAAf**, kanan fudhu lama qofa. Mootummaa oromoo dhaabuuf,

1. WALII GALTEEN DHIBUU

2. YEROO FUDHACHUU YKN HARKIFACHUU .

Dogoggorrii kun lameen waggaa 150 boodallee nu biraa hin hafne. Gadaan Oromoof jabiina ture. Gadaan dhibuun ykn waan Gadaa keessa jirtutti fayyadamu dhabuun keenya ykn Oromoon sirna Dimokiraatawaa qaba jennee dubbachuuf qofa itti gargaaramuun keenya nu laaffiseera yoo jenne, haqa irraa fagaachuu hin ta'u. Maanguddoon kun seenaan naaf himan dogoggora ta'u illee, ykn isaanu akka naaf himanitti, odeeffannoon kun tarii Booran bira yoo jiraate malee hin dubbatamne kan naan jedhaniin hin dhaga'amiin hafu illee, bara Gadaa sana Oromoon jabaa kan tureef, **wal dhaga'uu, wal kabajuu, safuu qabaachuu, seerrii jiraachuu, Oromummaa guutuun jiraachuu** dhaga'aa ega guddannee , wal kabajuu fi wal danda'uun har'a dhibee, seera kaleessa ittin kakatan cabsuun kan dhufe , Gadaa keessa keenya keessaa dhibuu irraatii jechuudha. Kana hubannaan waggaa 150 booda dhalooti jiru, geeddarumsa umamaa homaatu hin taasifne jenna moo, Gadaa jedhamu sana of keessaa gatee, wal fonqolchuu nafxanyootaa keessa isaatti dagaage Gadaan golgaa jiraate ? jenna .

Waggaa 150 asitti Gadaan Hojiin mul'atee odoo ta'ee, ykn keessa keenya Gadaan jiru isa haqaa odoo ta'ee, silaa waanuma qabnetti cichina malee, bakka lama hin dhaabbannu. Baka lama-saditti akka qoodamnuuf hin hojjannu .

Gama biroon Sirna Gadaa keessatti maqaa Moggaasuutu jira. Aadaa maqaa moggaafachuu kana keessa seera jiru Oromotti kan himan natti hin fakkaatu. Maqaa nu hin ibsine baannee jiraachuun keenya akka seera Gadaatti dogoggora ta'uun ifa. Nuutii garuu maqaa nu hin ibsine warrii keenya nu moggaasan baannee deemu qofaa odoo hin taane, maqaa akka huccuu wal

harkaa saamuu beekumsatti fudhanna. Kunis nu keessatti dagaagee , maqaa ittiin gurmoofnee wal harkattii qabaa jirra.

Bara Gadaa , maqaa **ODAA NADEE, ODAAN BISIL** harkatti hin qabne. **MAQAA Odaa ROOBAA , ODAAN BULTUM** harkatti hin qabne. Maqaan inni tokko moggaafate, gonkumaa isa kaaniin mulqamee, hin sarbamu. Kun safuudha. Kana kan yaadanii ittiin Bulan, Abbootii keenya waggaa 150 dura turaniiti. Sirna Gadaa qalbii isanitti malee, katabuu hin dandeenyedha. Qalbii keessa seenaaf keewwachuu malee , Kompiyutaraan kan save hin godhannedha. Hayyummaa isaanii warra waliif raggaasise malee, Faranjii Dachee keenya hin beeknerraa raga hin arganneedha. Seerrii kun ammo dhalootuma har'aan katabamee taa'ee jira.

Har'a garuu , warruma waan katabame ykn dhaga'een ykn beekumsa dabalateen , Maqaan dhaabaa ABO jedhamu, kan kootiin wal falmamaa jira. Falmii baayyee qaanfachiisaa fi Qabsoon gaggeeffamu ,Qabsoo Ummata Ormoof mirga goonfachiisuu moo, ABO dhunfachuudha ? nama jechisiisu kun , dhuguma Sirna Gadaa Domokiraatawaa jennee haasofnu sanatu nu keessa jiramoo, shira diinaa wal galaafachuun Angoo wal harkaa fuudhuutu nu keessa jiraa ? **NU MIRKANEESSA** . yoo sirni gadaa Dimokiraatawaan sun nu keessa jiraate, ykn kan waggaa 150 duraa , jabiina oromoof gadaan bulutti amanna ta'ee, Maqaa ABO isuma itti cicheet dhiisanii, ofitti amanamummaan maaliif maqaa addunyaa guute jiru moggaafatanii, waan ittiin socha'uu dhorkaman sana ofii qajeelchanii wayyaanee hin falmine ? dogoggora jira jedhanis sirreessanii maliif Ummata Oromoo biratti fudhatama hin argatan ?

Mee yaaduma salphinaa keessa jiru ilaalaa , ABOn ega hundaa'ee waggaa 36 caalaa jira. Bara 1976 hundaa'e . hanga bara 2000 tti humnuma tokkon ibsama. Waggaa 14n kana keessa sadii ta'e. sadanuu eenyu irraa mulqanii akka deemu barbaadan numaa beekan. Maqaa Jaallan kumaantamaan itti wareegaman , **Maarrabii kiisha** isaanii keessaa taasisanii fuudhanii fiigu yaalan. ABOn garuu bakkuma ture jira. Ummatis inuma beeka. Waggaa 150 duras, Gadaan bakkuma isaa ture. ODAAn kam haa dursuun wal qaban. Diinni yeroo argatee giddu seenee, gabrummaa har'aaf sababaa ta'ee. ABO wal harkatti qabuunis waggaa 150 booda seenaa irra deebisaa jira. Walii amananii fudhachuu Dhiisuun waggaa 150 duraa yeroo fudhatee, diina gidduu galchee nu cabse. Har'as wal fudhachuu dhabuu qofaan carraa qaqqaalii of jalaa dabarsaa jirra.

Waggaa 150 dura qaawwaa jiru daddafanii cufatanii , diina isaanitti maggalaa jiru dura Gamtaan dhaabbachuuf tattaafachuu hanqachuun, ykn shira diinaa oromoo adda qoodu sanaaf daddafanii dawaa isaa soqanii tokkummaa Oromoo ummachuu hanqachuun, gabrummaaf akkuma nu saaxile sana, har'allee rakkoon nu qabatee jiru kanuma.

Waggaa 150 dura Oromoonni qalbii rabbi kenneef malee, barnoota hin qabne, Mootummaa dhaabbachuuf wayita jedhan, inumaayyuu, yaaduma mootummaa dhaabbachuu san Ummata biraan odoo hin geenye, sochiin isaanii fashale. Waggaa 150 booda irra kan jirrus , Ummata Oromoo bira odoo hin geenye, Lakkii ABO jechuun ana jennee warra ija mukaa nyaatanii waliin dhaaba kana gadi dhaaban ykn qabsicha cichanii qaban Fonqolchinee dursinaan yeroo ofitti gubaa jirra. kan maanguddoon kun natti himanii fi gaabbaa dubbatan , walii galteen dhibee, waan yaadan bakkaan ga'uuf yeroo fudhachuun isaa , caba keenyaaf sababaa taasisan. Hanga Gadaan turetti Oromoon jabaa ture. Oromoo cabsuufis, Gadaa harkaa gatuu fi tokkummaa dhabsiisuun toftaa diinaa ture jechuudha.

Isa Dhugaa dubbachuuf , waan durii fi har'aa walitti harkisuuf katabaa hin jiru. Garuu seenaama keenya waggaa 150 dura ture sana deebisuuf , rakkoo KAAYYOO jennee dura qabnuu sanaa odoo hin taane, wal dhaggeeffachuu fi wal kabajuu aadaa keenya sanaa dhabuu keenyatuu nu miidhaa akka jiruttan fudha. Kana kanan jedheef , karaa Intarneetaa Hogganoota ABO jiranii fi turan (kan amma of muudan hin dabalatu) haasaa isaanii qofa irratti yoo xiyyeeffanne illee , dhugaa mul'isuu danda'a. rakkoon amma argaa jirru keessa odoo hin dabarrees wayitti hin baanu. Gadaa keessatti sirni guddifachaa jira. Guddifachaan kun irra jireessa halagaa ilaallata. Ummata seera bal'aa, kan isaa irra dabree isa kaaniif yaadu qabna. Kanaafu, adeemsi Gadaa kun nu keessa yoo jiraate, waan wal hin dandeenyef hin qabnu jechuudha.

Waggaa 150 dura Maangudoota dubbii tasgabbeessantu qooda ol aanaa qaba ture. Har'a Maanguddoota kana dhabuu keenyatu dubbii dheeressaa jira. Kanumaa ammo, sirnuma Gadaa kanaan Pirofeesara , Dokitara kan ta'e qabnaa hubadhaa . mee kottaa aadaa ykn Gadaa keessa kanatu jiraa wal dhaggeeffadhaa kan jedhu dhibuunis nama raaja.

Wanni hubatamu qabu, waan tokkollee hojjatamaa akka hin jirreetti, dadhabbii hanga ammaa taasifame ykn injifannoo galmaa'ee, ykn yaada akkasii kan qabu akka hin jirreetti ibsu koo akka hin taane naaf hubadhaa. Haqi Ilmaan OROMOO qaqqaaliin itti wareegamanii fi haqi warri cichanii qabsoo kanatti jiranii, warra toftaa diinaaf mijataa ta'niin miidhamaa jiraachuu dha. Warri wareegama , kaleessas har'as boriis qabsochaaf dhaabbatan galanni isaanii waan isaan manaa ba'aniif ta'uu itti himuun barbaachisaa akka hin taanedha.

Torbee dabre, **GOOBADAA 150 GOOBANAA, jedhee kanan katabee fi ammas GADAA + 150 – GADAA jedhee katbaa jiru kun, rakko har'aa nu qabtee jiruuf sababaan bu'uraa, “akka Umama ykn aadaa ykn gadaa Oromootti of ilaaluu hanqachuu keenyaan, waan hanbaan addinyaa irraa wal irratti hojjatun mo'amu keenyadhaa” jedheen amana. Wal-kabajuu,wal dhaga'uu,seera qabaachuu keenya odoo beeknu kaku cabsuu uumuu fi kanas sirreessuf ofitti deebi'uutu fala ta'a jedheetanii.**

Warrii waggaa 150 duraa yoo xiqqaate sirna GADAA , AADAA, MAMMAAKSA, JECHOTA, SHEEKOO KKF dhaloota har'aaf dhiisanii dabranii qofa odoo hin taane , isa boriifis kaa'anii dabranii jiran. Qalbiin kun , qalbii barnoota tokkollee hin argannee hubadhaa. Qalbiin har'aa barnoota teekinoolojiin deeggaramu argatee woo dhalootaaf maal kaa'aa jira ? warri durii jaarsummaa, abbaa seerummaa, safuu , nu kaa'anii dabranii har'aaf fakkeenya ta'an. Warri har'a lubbuun jirruwoo ? dhalootii har'a harka qullaa taankki dura dhaabbate , ajjeefamaa jiru, MAALOO TOKKO TA'AA jedhee Biyya keessaa iyyachuun sirriidhaa ?????????? Barruu kana Gaaffii deebii intarneeta irraa argadheenin goolaba.

Addunyaa,alam7@gmail.com